**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v3i2.1822**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2025, 3(2): 73-94**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Danqaalee Labsii Barumsa Afaan Oromoo Manneen Barnootaa Sadarkaa Tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee: Xiinxala Waallee Liixxaa Dubbarruuwwaniifi Mallattoolee Irratti

Boonsaa Baabuu[1*], Addunyaa Barkeessaa[2*], Guddataa Abdiisaa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa danqaalee itti fayyadama Afaan Oromoo ilaalchisee sadarkaa biirootii hanga manneen barnootaa keessatti dubbarruufi mallattooleen jiran xiinxaluu ture. Saxaxni qorannoo kanaa mala akkamtaatiin ta'ee, xiinxala waallee liixxaatiin (critical discourse analysis) ilaaluun saxaxa ibsaa-hiikaafi faassasaatti (explanation) dhimma ba'uuni. Qorannoo kana keessatti mala iddatteessuu carraa keessaa carraa tasaafi miti carraa keessaa akkayyoofi darbaa dabarsaatti fayyadamuun geggeeffame. Meeshaalee ragaaleen ittiin sassaabaman daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataatiini. Hojjettoota Biiroo, Kutaa Magaalotaa sadiifi  barsiisota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee irraa hirmaattota 15 ta'an afgaaffiifi 19 immoo, marii garee kan taasifameef waliini. Ragaaleen kan agarsiisan danqaaleen itti fayyadama Afaan Oromoo jiraachuu isaaniiti. Dhaabbilee kanneen olii keessatti sirna barumsa Afaan Oromoofi sirna barumsa afaan biroo (Afaan Amaaraa) irraa hojjetan gidduutti illaanya (ideology) walfaallessutu calaqqisiifama. Barumsi Afaan Oromoon akka hinkennamne, jibbi saba Oromoo, jibbi afaanii akkasumas sodaan sabni biroon saba Oromoorraa qabu dubbarruuwwaniifi mallattooleen jiran ni agarsiisu. Olaantummaan Afaan tokkoo (Afaan Amaaraa) qofaaf kennamee kan jiru ta'uusaa, qorannoo kanaan kan argameedha.* Dhumarratti, *bifa walfakkaataa ta'een mirga sagantaa afaanota lamaan barumsi kennamaa jiru eegsisuu danda'uun sadarkaa biirootti, waajjiraalee kutaa magaalotaatiifi manneen barnootaatti akka itti fayyadaman murtoo dabarsuu barbaachisa.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 12-01-2025
Revised: 22-10-2025
Accepted: 29-11-2025

***Jechoota Ijoo:*** *dubbarruu, faassasuu, illaanya, waallee, xiinxala waallee Liixxaa*

**Qorataa Muummee: Boonsaa Baabuu*

*E-mail: bonsababu2018@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Biyyi Itoophiyaa yeroo dheeraaf sirna bulchiinsa gonfoo jalatti bulaa turuunshii beekamaadha. Yeroo kana keessatti gaaffilee afaanirratti ka'an, kanniin bulchiinsa dimokiraasii mirkaneessan jedhan keessaa dhimma afaan sabaan walqabatan deebisuuf ayyamamoo hinturre. Ilaalchi bulchitoota kanaa, afaan tokkittiin tokkummaafi bilisummaa biyyattii eeguu danda'a kan jedhu qabu. Ragaan isaan dhiyeessanis biyyattiin bilisummaa ishiin biyyoota Afirikaa keessaa qabaachuu dandeesseef afaan tokko qofaatti fayyadamuusheeti jedhanii cimsanii itti amanu (Easaw, 2022). Biyya osoo hinqoqqoodamin yookiin bakka tokkotti bultu ijaaramte keessatti akka milkaa'inaatti kan ilaalan afaan akka meeshaatti biyya gargar diigamuurraa eegamteetti jedhamee fudhatamaa ture.

Hacuuccaan haala kanaan afaanota saboonni adda addaa dubbatan irratti taasifamaa waggoota dheeraa lakkoofsiseera. Kanarraa kan ka'e, saboonni biyyattii keessa jiraatan hanga ofwallaalanii of ibsuu dadhabuutti ga'uun moggaasa maqaa nama dhuunfaa akkasumas moggaasa maqaa bakkeewwanii aadaa afaan ittiin yeroo hunda waliigalan sanaan moggaafachaa turan. Bulchiinsa magaalotaa dabalatee, naannowwan saba sanaaf adda ba'anii moggaafaman biyyattii keessatti aadaan kun babal'atee ture. Mirga afaansaatiif qabu gaafachuu dadhabee yeroo dheeraaf eenyummaasaa jijjiiree jalatti buluun kun yeroo dheeraaf turus, gaaffiin bilisummaa ofii tikfachuu jajjabaatee mormiin karaa addaa addaa taasifamu cimee itti fufuun yeroo ammaa deebii argataa dhufeera (Waldayohaannisii & Gammachuu, 2009).

Saboota biyyattii keessatti lakkoofsa hedduu qabaniifi gaaffii dhimma eenyummaan walqabatan gaafatan keessaa sabni Oromoo isa tokkoodha. Inumaayyuu hacuuccaan sabichaa lafa isaarratti kan ta'aa tureefi jiruudha. Lafa isaafi iddoo ulfoo dachii tuulamaa kan taate Finfinneen ishii tokkoodha. Weerarri achirratti saba biraan raawwate eenyummaa sabichaa afaan isaa waliin irraa mulquu ture (Waldayohaannisii & Gammachuu, 2009).

Qorannoon ammaa kunis, gaaffii sabichi gaafachaa ture keessaa afaan isa tokko waan ta'eef, Magaalaa Finfinnee keessatti Barumsi Afaan Oromoo kennamuun dhiibbaawwan karaalee adda addaa calaqqisiifaman, mormiifi deeggarsa kaaseera. Illaanya (ideology) dura ture isa ammaa waliin agarsiiftuuwwan jiran faassasuun kan geggeeffameedha. Qorataan ka'umsa taasifachuun qorannoosaa akka irratti geggeessu kan taasise, itti fayyadama afaanii biiroofi waajjiraalee barnootaa akkasumas manneen barnootaa keessaatti namoonni itti gargaaramaniifi mormiiwwan barumsa

afaanichaarratti manneen barnootaa keessatti bara 2020 as ka'aa turaniidha.

Yaadota olitti tarreeffaman kanneeniin qorannoosaa adeemsisuuf immoo malli xiinxalaa qorataan itti fayyadame xiinxala waallee liixxaati. Akka Pitsoe & Letseka, (2013) Weedon (1997) waabeffachuun ibsanitti, waalleen dalagaalee hawaasaa guyyaa guyyaa keessatti barreeffamaafi dubbii afaaniin dhaabbilee kanneen akka manneen barnootaa keessatti kan argaman ittiin xiinxalamaniidha. Afaan Oromoo (AO) kutaalee Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee manneen barnootaa jiran keessatti baratamuu eegalee jira.

Afaan Oromoo akka afaan dhalootaafi akka afaan lammaffaatti barsiisuuf magaalicha keessatti labsamee jiru kun gara mana barumsaatti gadi bu'ee magaalaa dur keessatti lagatamaa, akka ittiin hinbarsiifamne dhorkamee tureedha. Barumsi afaanichaa labsamuun booda itti fayyadamni afaanii, illaanya tureefi kan ammaa bifa eyyantaas ta'ee miti eyyantaan waajjiraaleefi manneen barnootaa keessatti calaqqisiifaman xiinxalamaniiru. Agarsiiftuwwan adda addaa argaman fudhachuun haasgochaanis haata'u dubbarruun mul'atan ka'umsa taasifachuun ture.

## 2. Malleen Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan dubbarruufi mallattooleen Biiroo Barnootaa, Kutaalee Magaalaafi Manneen Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee itti fayyadamantu xiinxalame. Sadarkaalee sadan xiinxala waallee liixxaa keessatti hojiirra ittiin oolan saxaxa ibsaa, hiikaafi faassasaatti (explanation) dhimma ba'uun adeemsifame. Addunyaan (2016), akka kaa'utti, "Saxaxi ibsaa-hiikkaa odeeffannoo ilaalcha hirmaattota sanaarraa argaman qorataan ibsuufi hiikuu kan gaafatuudha," jechuun ibseera. Akkasumas xiyyeeffannoon saxaxa faassasuu (explanation) akkamtaa dhugaa garee hawaasaa keessa jiru, gaaffilee maaltuufi akkamitti jedhan fayyadamuun miidhaa inni qaqqabsiise, dhiibbaafi bu'aa inni qabu adda baasuudha (Dornyei, 2007). Haaluma kanaan, qorannoon kun manneeniifi waajjiraalee barnootaa magaalattii keessa jiran keessaa kanneen Afaan Oromoo barsiisaniifi waajjira dhimmi barnootichaa ilaallatu keessaa filatamanii odeeffannoowwan isaan irraa argaman ibsuu, hiikuufi faassasuun kan raawwatameedha.

Raghimtoonni madda qorannichaa ta'an mala iddatteessuu carraafi miti carraatiin filataman. Mala iddatteessuu carraatiin iddatteessuu carraa tasaatti fayyadamuun kutaawwan magaalaa, manneen barnootaa aanota isaan

keessatti argaman filatamaniiru. Mala iddatteessuu miti carraa keessaa akkayyoofi darbaa dabarsaatti fayyadamuun qorannichi kan adeemsifameedha. Mala iddatteessuu darbaa dabarsaatiin hojjettoota adeemsa Sirna Barnoota Afaan Oromoo irraa hojjetan keessaa kanneen jalqabaa kaasanii turaniifi odeeffannoo sirriitti beekan akka naa eeran gochuun ture. Maluma kanaan barsiisota afaan dhalootaan barsiisan keessaa irra caalaatti barumsa Afaan Oromoo akkasumas kanneen biroo Afaan Oromoon barsiisaniif afgaaffiifi marii garee waliin taasisuun odeeffannoon walitti guuraman. Mala iddatteessuu akkayyootiin manneen barnootaa keessatti qindeessitoota kanneen dirqama sirna barnoota Afaan Oromootiif jedhamanii tokko yookiin lama fudhachuun, qindeessitoota olaanoo (supervisors'), barattoota daree tokko keessa jiran keessaa saala lamaan abdaree kan ta'an lamaan filachuun ture.

Qorannoo kana keessatti meeshaaleen ragaan ittiin funaanaman daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataati. Meeshaa daawwannaa kanaan qorataan Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, Waajjiraalee Barnootaa Kutaa Magaalotaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee sadii: Kutaa Magaalotaa Araadaa, Qiirqosiifi Liidataa daawwateera. Akkasumas, manneen Barnootaa Sadarkaa tokkoffaafi giddugaleessaa kutaa magaalotaa kanniin jalatti argaman ta'anii, barumsi Afaan Oromoo itti laatamu lakkoofsaan ja'a ta'an keessatti daawwannaa taasiseera. Daawwannaa kanaanis, yeroo adda addaa achitti argamuun wantoota dubbarruun jiran, mallattooleefi gochaalee adda addaa naannoo dhaabbattoota olitti eeramanii fudhachuun waallee labsii barumsa Afaan Oromoo xiinxaluun kan geggeeffameedha. Mirkanee (chechlist) garagaraa qopheeffachuun odeeffannoo nabarbaachisan guuttachaa deemuun ture.

Meeshaa odeeffannoon ittiin guurame keessaa afgaaffiin isa tokko yoo ta'u, ogeessota sirna barnoota Afaan Oromoo Biiroo keessaa hojjetan sadii, Waajjira Barnootaa kutaa magaalotaa sadii keessaa tokko tokko, superviseroota sadiif afgaaffii taasiseera. Barsiisota manneen barnootaa Sadarkaa tokkoffaa barsiisan ja'aaf afgaaffiin taasifameera. Walumaagalatti, namoota kudha shaniif gosa afgaaffii gamisaan caaseffamaa (semi structured) ta'antu dhiyaateef. Afgaaffii kanas yeroo dhiyeessuuf unka mirkanee (chechlist form) waliin, meeshaa waraabduu sagalee akkasumas yaadannoo qabachuun kan adeemsifameedha.

Qorannoo kana keessatti, garee namoota adda addaa kanneen odeeffannoo guutuufi ifaa ta'e kennuu danda'an hammachiisuun kan

adeemsifameedha. Haala kanaan, hojii ogummaa dhimma barnoota afaanii irratti ogeessota jiran biiroo barnootaa keessaa dhimma barumsa Afaan Oromoorraa kanneen hojii adeemsisan garee tokko miseensa ja'a kan ofkeessaa qabu waliin marii taasiseera. Haaluma kanaan, muummeefi barsiisota Afaan Oromoo sadarkaa tokkoffaa barsiisan manneen barnootaa lama keessaa miseensa ja'a kan qabu tokkoofi miseensa torba kan ofkeessaa qabu tokko fudhachuun marii gareen kan odeeffannoon walitti guurameedha.

Kaayyoowwan qorannichaa irratti hundaa'uun, ragaaleen maddeen adda addaa hojjettoota sadarkaa biiroo barnootaatii hanga barattoota manneen barnootaa keessa jiran irraa argame isa tokko kan biroon deeggaruun xiinxalamaniiru. Maleenyi xiinxala ragaalee qorannoo kanaa mala xiinxala waallee liixxaa (critical discourse analysis) xiyyeeffachuun kan geggeeffameedha. Kanas, dhiyaannaa qorannoo akkamtaan odeeffannoon argaman, maleenya xiinxala waallee liixxaa (Fairclough's, 2003) akkasumas kan Van Dijk (2006) fi (Wodak, R., 2001) irratti hundaa'uun odeeffannoowwan argaman kan xiinxalamaniidha. Qorataan xiinxala waallee liixxaan fayyadamuun sadarkaalee sadan jiran: ibsuu, hiikuufi faassasuutiin kan hojiirra oolaniidha. Xiinxalli waallee liixxaa karaalee ittiin ilaalcha dhokataa namni dhuunfaan qabu, aangoofi illaanya imaammata afaaniifi shaakala dubbarruu keessatti bakkeetti baasanii ittiin agarsiisaniidha (Wodak, 2001). Aangoon akkamitti dubbarruuwwan ibsaman kanaan olaantummaaf itti fayyadamaa yeroo turametti har'as wantoota mul'atan kanaan yaadota achi keessatti calaqqisan xiinxalamaniiru.

### 3. Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

Kutaa kana keessatti ragaaleen dhiyaatan akkuma qabiyyee isaaniitti maddeen garagaraarraa walitti funaanamuun lakkoofsaan kaa'aman. Kunis waan lamaaf fayyada. Inni tokko, bakka isaan irraa fudhataman salphaatti adda baafachuu dandeessisa. Kana jechuun meeshaalee funaansa ragaalee kamiin akka argamaniifi ragaalee haadhoo dabalee jalatti dhiyaatan keessaa eessatti akka argaman adda baafachuun wal utubuu (triangulation) ragaalee mirkaneeffachuuf gargaara jechuudha. Inni biraa, salphaatti lakkoofsa ragaa bakka tokkotti dhiyaate bakka bu'een fuuldurattis ta'ee duubatti deemaa xiinxaluuf gargaara. Xiinxalli kunis sirna barnootaa haaraa sadarkaa tokkoffaa Magaalaa Finfinnee keessaatti barumsa Afaan Oromoo ilaalchisuun mormiiwwan ka'aa turan ibsuudha. Ibsi kunis dubbarruuwwaniifi mallattoolee afaanichaan walqabatanii biiroo, waajjiraaleefi manneen barnootaa filataman keessatti argaman irratti kan geggeeffameedha. Sadarkaan xiinxala ragaalee inni lammataa ibsa dubbarruufi

mallattoolee irratti taasifaman galmoo isaan keessatti fayyadamaniin walqabsiisuun hiikuudha. Ragaaleen mata-dureewwan kana jalatti dhiyaatanis sarara aanguu (stanza) dhimma tokko bakka bu’uuf dabalee keessaa walitti funaanamaniin dhiyaataniiru (Gee, 2005).

### 3.1. Danqaalee Itti Fayyadama Afaan Oromoo

Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromoon barachuu-barsiisuu geggeessuun seenaa yeroo dhiyooti. Magaalaan kun handhuura Oromiyaafi magaalaa guddoo naannichaa taatee osoo jirtuu, Afaan Oromoon akka hinfayyadamne dhiibbaan alkallattiin akkasumas kallattiin irratti adeemsifamaa tureera. Saboonni adda addaa bakka kana jiraatan sababii hacuuccaan yeroo dheeraaf saba Oromoorra ture dacheesaa irraa isa fageesseef, akka waan iddoo biraatii dhufaniitti ilaaluun calaqqisaa tureera. Dhiibbaawwan kunniin siyaasa biyyattii keessatti mootummoota bulchaa turanirraas kan maddan turan (Tsegaye, 2016). Sababa kanaaf immoo, addatti sablammoota biyyattii ija walqixxeen ilaalaa hinturre. Magaalaa guddoo naannoo Oromiyaafi kan biyyattii taatee kan jirtu Magaalaa Finfinnee keessatti inni kun hundee gadi fageeffatee kan tureedha. Inni kun yeroo ammaatti labsiin irratti darbee sirni barumsa afaanichaa ittiin barachuu-barsiisuun geggeeffamaa jirutti danqaaleen ittiin akka hinbarsiifanne karaa garagaraa kan calaqqisaa turaniifi jiraniidha.

Ilaalchonni afaanii hawaasa saba biroo irraa maddan Magaalaa Finfinnee keessatti calaqqisan qorataan ragaalee adda addaa walitti qabachuu danda’eera. Raghimtootarraa meeshaalee qorannoo fayyadamuun kan walitti qabamaniidha. Kanneen gaditti jiran ilaalchota sabni biroon barumsa Afaan Oromoo barachuu-barsiisuu Magaalaa Finfinnee keessatti kennamaa jiru irratti ittiin ibsaniidha.

#### 3.1.1. Jibbiinsa Afaanii

Biyya kana keessatti afaan tokkoof olaantummaa kennuun kan barameedha. Sablammoonni biyyicha keessa jiraatanis mormiiwwan adda addaa qabaatanis dirqamanii yeroo itti amananii bulan niargama. Ilaalchi kun kan cabaa deeme, erga bara 1991 asiitii kaasee yoo ta’u, waggoota shanan kana keessattimmoo magaalaa guddoo biyyattii keessatti afaanonni lama akka afaan dhalootaafi afaan lammaffaatti ittiin kennamu labsiin adda addaa darbaa kan tureefi yeroo ammaa kanas kan hojiitti galamee jiruudha. Ilaalchonni hawaasi saboota kan biroo magaalicha keessa jiraatan calaqqisiisan jibba afaanichaa akka qaban raghimtoota irraa odeeffannoon walitti guurame ni agarsiisa. Qorataan guyyoota gaafa 18, 19, fi 22 bara 2016 afgaaffiifi marii garee hojjettoota biiroo

barnootaa, hojjettoota kutaa magaalotaafi barsiisota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee irraa fudhateedha. Ragaaleen dhiyaatanis sarara aanguu (stanza) dhimma tokko bakka bu'an, akkuma qabiyyee isaaniitti maddeen garagaraarraa walitti funaanamuun lakkoofsaan kaa'aman (Gee, 2005).

**(6,7)**

**398.** … yeroo Afaan Oromoon dubbannu ija lafa jalaan, akka nama ormaatti ykn biyya fagoo dhufeetti si ilaalu. … AO n hindubbatin; AAmh tiin dubbadhu…

**237.** … gaafan jalqaba AO barsiisuun seenu, Afaan Oromoo yeroo jedhee barreessu, ni iyyan; yaadaan jibbuun irraa dubbise; kaan nibaqate.

**258.** … jibbiinsi afaaniis nijira. Sababii isaan afaan kana jibbaniif immoo, seeneffama dur bulchitootarraa dhaga'aa guddataniifi yaada qajeelaa dhabuurraa kan madduudha.

**353.** Gamtaa maatii barattootaa keessaa iddoon mucaakoo afaan kanaan barsiifadhu, dhaqeen afaan Arabaan barsiifadha kan jedhe jira.

**152.** Agarsiiftuwwan yeroo alaabaarratti AO dhiyaatu jibbi yookiin aariin nijira.

**197.** Mormii afaanii ka'umsi isaa jibbiinsa afaaniirraa madda.

**87.** Itti hingammadan; sababiin isaa, federaala keessatti afaan hojii lama yoo ta'e, iddoo dhabnaa laata…

**338.** … afaanichi yoo ba'ee mul'ate, diinagdee, hawaasummaan, siyaasaan yoo guddate olaantummaa keenyatu hafa kan jedhuudha.

**205.** Afaan sabdaneessummaatti hin amanan; nurraa barachuu mitii, isa nuti ittiin haasofnu hinbarbaadan;

Aanguu (6, 7) irratti odeeffannoowwan afgaaffiifi marii gareen argaman, qorataan gaaleefi himootatti qooduun kan keessaa fudhateedha. Sarara lakkoofsa (398, 237) irratti hawaasa afaanichaan dubbatan afaan isaan dubbataniin walitti fiduun, jibba qaban akka agarsiisaniidha. Afaan gareen biroo dubbatan qofaan akka dubbatamu barbaadaniidha. Waalleen caalmaa afaaniif hojjechuu duraan kan walfakkaatu, ati akka kootti; afaan ani dubbadhuun yoo dubbatte walfakkaanna jechuutti kan hiikamu ofkeessaa qaba. Sarara lammaffaanis jibba AO f qaban agarsiisuuf, barattoota sagantaa afaan biroo yeroo barsiisan, akkuma duraan dhaloota isaan duraa irraa dhaalan ifatti mul'isantu jira. Yoo xiqqaate afaan tokko kan biyya alaa keessaa osoo ittiin baratanii, AO n barachuu kan jibban jechuudha. Fedhiin isaanii afaan kana barachuuf jibbarraa kan ka'e gadi bu'aa ta'uu agarsiisu.

Hawaasi Barumsa Afaan Oromoo jibba irraa qaban kunniin hawaasa afaanichatti fayyadamus faana akka jibban, jibbarrayyuu tuffiin akka jiru raghimtoota adda addaa irraa yaada walfakkaataa qorataan argateera. Afaanichaaf ilaalcha gaarii dhabuurraan hawaasicha jibbu; jibbi yookiin tuffii hawaasaarraan immoo mormiin dhalateera; mormiin uumame immoo illaanyuma dur afaanirratti ture calaqqisiisuun eenyummaasaa sabni kun dhiisee akka kan biroo ta'uttiidha. Afaanota adda addaa dubbachuun yookiin ittiin hojjechuun tokkummaa biyyaaf gufuudha jechuun illaanya Awurooppaarraa as gara biyya keenyaatti dhufee hojiirra oolaa jaarraa tokkoo oliif hojjeteen har'as sanumtu dhaloota kana keessa jira (Conteh & Meier, 2014; Dewilde, 2017). Afaan biraatiin fayyadamuun yakka akka hordofsiisu aangoo of harkaa qabaniin bulchitoonni biyyicha keessa jiran gochaa turaniiru.

Namoonni kallattiin jibba AO qaban agarsiisuuf dhalasaanii ittiin barsiisuu hinbarbaanne akka jiru sararri (195) ibsa. Eenyummaa isaan namni kamuu niboona; sabni Oromoos akkasumatti. Sabboonummaan afaan ofii beekuudha; kan biroo ittiin barachuun immoo beekumsa dabalachuu ibsa. Kan hawaasa amma asitti mormii qaban yoo ilaallu, yaada kanarraa adda; kansaa itti hinbu'amne; afaan kanbiroo dhallisaa akka ittiin baratuufi. AO ta'uusaarraa kan ka'e, gara afaan biroo biyya keenyatti hindubbatamnetti jechuun jibbi Afaan Oromo isaan keessa akka jiru kan agarsiiseedha. AO n homaa tokko akka dareen alatti hindhiyaanne kan barbaadan akka jiran yaadi sarara lakkoofsa (152) irra jiru ibsa. Afaan kanatti fayyadamuun daree keessatti daangessuun kan isaan gammachiisuufi dareen alatti mooraa keessatti garuu, kan isaan hingammachiifneefi aarii akka qaban, jibbiinsa AO f qaban agarsiisa.

Gaaffilee walitti dhiyaatan qaamota adda addaaf qorataan dhiyaatan akkaataa isaan Barumsa Aromoo Oromoo kennamaa jiru itti ilaalaniifi miira hawaasi kan biroon agarsiisan, hawaasa Oromoo sagantaa AO irraa hojjetaniif ragaan argame sarara dhumaa kanarra kan jiruudha. Yaadi walfakkaataan barattoota, barsiisotaafi hojjettoota biroorraa ka'e, jibba isaan afaan kanaaf qaban kan agarsiiseedha. Ilaalchota isaan AO f qaban, sabicha akka jibban taasise. Saba malee, afaanni hinjiraatu; sabi jiraannaan immoo, afaan ofii qaba. Afaan isaa jibbuun kun immoo, saba afaanichi kan isaa ta'es walfaana akka jibban waallee oliitiin ibsa itti kennaa turaniiru.

### 3.1.2. Jibbiinsa Saba Oromoo

Seenaa biyyattiin waggoota hedduu lakkoofsiste keessatti uummata Oromoo irratti dhiibbaan karaalee adda addaa irratti

adeemsifamaa tureera. Kun immoo, fedhii siyaasaa qaban aanga'oonni biyya bulchaa turan kan isaan ittiin ofharkatti eeggachuuf saboota adda qoqqoodanii ittiin bulchaa turanirraati. Sabni Oromoo afaan isaatiin dachee isaarratti barachuu-barsiisuu geggeeffachuuf carraa hin argatin ture. Amma immoo, yeroonni afaan isaatiin geggeeffataa jirutti mormiiwwan ka'an jibbiinsa sabichaaf qaban kan fakkaatutu jira. Olitti akkuma ibsame, jibbiinsi afaanii jibbiinsa sabaa akka hordofsiisuudha. Odeeffannoo qorataan guyyoota 07-10/09/2017 afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataa hojjettoota biiroo, kutaa magaalotaafi barsiisota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee irraa argate jibbiinsi sabaa akka jiru kan agarsiisuudha.

**(6)**

**319.** … sirna qofaan walqabsiisuu osoo hintaane, sirna kam keessattiyyuu jibba isaan saba kanarraa qabantu akkas godha…

**320.** … keessumaa mormiin bara 2014 turee, alaabaan, faaruun walqabatee ka'aa ture, kan dubbatamuun barbaachise alkallattiin mormii sirna barnootaa ta'ee, isaan garuu, waa'ee alaabaa mootummaa naannoo Oromiyaa irratti;

**232.** Duuchaatti sabichuma jibbu; kanaaf immoo, afaan isaas duukaa jibu.

**233.** Sabi kun saba kanaafi afaan isaa amanee fudhachuu hindandeenye; kanumatu keessaa cabuu hindandeenye.

**362.** … rakkoon kun kan maddu, walqoqqooduu sabaarraati. Saba tokko nan jibba yoon ta'e; afaansaa dhaga'uu hinbarbaadu.

Afgaaffii akksumas marii gareetiin yaadonni raghimtoonni kennan keessaa lakkoofsa jalqabaarratti kan argamu, jibbi isaanii sirna afaanii/ siyaasaa mormuun walqabatus, isa keessa ilaalchi jiru sabichuma jibbuudha. Waalleen biyyi kun ittiin beekamtu seenessa sobaatiini; sabni Oromoo kanaan miidhamaadha. Sabni Oromoo dacheessaa akka hintaanetti, seenaa isaas as dhiyeessanii barreessuufi dubbachuu, afaansaa isa waliin dadhabsiisuutu calaqqisaa ture.

Waa'een AO yommuu ka'u, uummaticha eenyummaasaa waliin ka'a; seenaa inni sirriin dubbatamuufi barreeffamuun saba birootiif akka miidhaa ta'etti uummata kana akka jibban agarsiisa. Sararri itti aanu, waa'ee dachee Magaalaa Finfinneefi AO n walqabsiisuun yeroo ibsaniidha. Seenaa dhugaan yoo ilaalameefi qoratame, dacheen kan saba Oromooti; AO immoo, ibsituu eenyummaa isaati. Kun lamaan yoo wal argatan dhiibbaa saba biraa irratti akka uumanitti ilaaluun sabichuma duuchaatti jibbuu agarsiisa.

Yaadi sarara sadaffaa irratti hawaasa Magaalaa Finfinnee keessa jiraatan Barumsa Afaan Oromoo irraa mormii qaban kan calaqqisan, jibbiinsa sabichaa akka qaban ifatti mul'isa. Sabni Oromoon eenyummaa, aadaa, duudhaa, safuu, sirna ofdanda'e kan mataasaa kan qabuudha. Agarsiiftuwwan eenyummaa kanaaf immoo, seenaasaafi sirnasaa ittiin agarsiisuuf alaabaa akkuma saboonni kan biroon biyya kana keessatti qaban sabi kun kan ofiisaa qaba. Alaabaan kun jibbame jechuun, seenaafi sirnasaatu jibbame jechuudha. Kanaaf, mormii kana duuba, jibba sabaatu jira. Alaabaan Oromoon dacheesaarratti gadi dhaabbate, mallattoosaafi hiikasaa yoo ilaalle sirna inni duraan ittiin of bulchu, maalitti akka amanu, falaasama sabichaa ofkeessaa qaba. Faaruun alaabaa immoo, seenessa dhugaa eenyummaa saba Oromoo, maal keessa akka darbe, miidhaa isarra ture, dacheen isaa uumamaan waaqni kenneef leellisa. Kanneen kun, miidhaa isaan saba biraarraan ga'an hinjiru; ofiin boonee, mirga saba biroo kabachiisa. Afaan qofa miti asitti kan jibbame; sabichuu duukaa jibbame jedhanii raghimtoonni yaadasaanii kan kennan ibsa kana qaba. Waallee kana dura afaan tokko, aadaa tokkoofi saba tokko jedhamaa turetu, gara afaanota, aadaa garagaraafi sabootaatti jijjiiramuun mormii kaase, jibba sabaa hordofsiise kan jedhu qaba.

Saboonni biyya kana keessa jiraatan sababa isaan walirratti ka'aniif, ilaalcha siyaasaa irraati; ilaalchi siyaasaa kan afaaniis nidabalata. Sarara (234) kanarratti yaadi jiru, wal amanuu dadhabuun ilaalcha isaan waliif qabanirraa akka ta'eedha. Sabni kan biroon AO Magaalaa Finfinnee keessatti barachuu-barsiisuu ittiin eegalame akkuma duraan bulchitooti aangootti fayyadamuun miidhaa geessisaa turan, afaaniin kan jalqabeen amantii sabicharratti dhabuu kan agarsiisuudha. Walqoqqoodiinsi sabaa maddisaa, aangoorratti saba mootummaan biyya bulchu keessaa ka'een, saboota isaatiif looguurraati. Sarara dhumaarratti raghimtootarraa kan ka'e, walqoqqoodiinsarraa akka ta'eedha. Walqoqqooduun immoo, jibba akka jibba waliif saboonni qabaatan ilaalchi siyaasaa waan jiruufi. Asitti sababiin uummanni Oromoo jibbamuuf dhoksaan isaa, walcaalmaa kaleessaa, har'aaf sodaatu fide kan jedhu ta'uu mala. Ka'umsi illaanya barumsa Afaan Oromoo irratti jiru, sabaaniyyuu ibsamuu danda'a kan jedhu qaba.

### 3.1.3. Sodaa Sabni Biroon Saba Oromoo Irraa Qabu

Uummanni Oromoo lakkoofsaan olaanaa ta'antu biyya kana keessa jiraata. Afaan ofiisaa kan ta'e Afaan Oromoo jedhamee waamamuun waliigala; isumaan eenyummaafi aadaasaas ittiin ibsata. Afaan kun akka ardii Afirikaatti

sadarkaa duraa irratti warra afaan dhalootaan dubbataniin sadarkaa sadaffaafi akka biyyattiitti immoo, baay'ina namoota akka afaan dhalootaatti dubbataniin tokkoffaa irratti argama (Milkessa, 2014). Haata'u malee, afaan biyyicha keessatti afaan hojiin mootummaa waliigalaa ittiin geggeeffamu ta'ee tajaajiluuf carraa hin arganne. Afaan barnootaas ta'ee magaalaa guddoofi teessoo mootummootaa kan taate Magaalaa Finfinnee keessatti tajaajilaa hinturre. Dhiibbaawwan sabni kun irratti qaqqabaa ture kan agarsiisu akkuma jiranitti ta'ee, mirgasaatiif karaa seera qabeessaan falmachaa as ga'ee, mirga afaan ofiitti fayyadamuun kennuufiin biyyasaa keessatti ittiin barachuu-barsiisuun eegalame. Ilaalchonni hawaasa saba biroo keessaa waggoottan shanan arfan kanaa asitti calaqqisan sodaa sabaa qabachuusaanii hubatan raghimtoonni odeeffannoo isaan qorataaf guyyoota gaafa 18 fi 19/2016 akkasumas 22 fi 23/2016 kennan kanuma kan mirkaneessuudha.

**(5)**

**154.**… mormiiwwan ka'an sodaadhuma sabichaarraa madda; afaan isaatiin yoo barsiifate nucaala yookiin nudhaala waan ta'eef, sodaa isaan sabicharraa qabanirraati

**155.**Afaan kun afaan saba guddaati waan ta'eef, nudhaala jedhanii waan yaadaniifi.

**149.** Rakkoo ilaalchaa afaan kanaan walqabatee ka'aa tureedha; innis, tuffatamuu isaatiin osoo hintaane, sodaatamuu isaatiin kan ka'aa tureedha

**218.** Jibbaka! Jibba isaan saba kanarraa qabanirraati.

**219.** Jibba isaan afaan kanarraa qabanirraati

Lakkoofsa (5) irratti sararoota hundaan kan agarsiisan mormiin yookiin yaadi faallaan labsii barumsa Afaan Oromoo Magaalaa Finfinnee keessatti geggeeffamurratti akka jiru eeru. Afaanicha mormuu duuba kan jiru, sodaa isaan saba afaansaatiin barsiifadha jedhu qabu kan jedhuudha. Sararoota jalqabaafi kan itti aanee jirurratti, sodaan kun wantoota kana dura raawwatame nijira; wanti kun immoo, amma nattis dhufaa kan jedhuudha. Akkuma ogafaan Oromoo keessaa mammaaksi tokko jedhu, "Waraabessi isa halkan godhe beekaaf, guyyaa dheessa," jedhu san kan fakkaatu sodaarraa kan ka'e mormiiwwan calaqqisaa kan turaniifi jiraniidha.

Kaleessa warri aangoo of harkaa qaban isatti hirkachuun, olaantummaa calaqqisiisaa turaniiru; boqonnaa tokkoffaa seenduubee qorannoo kanaa keessatti labsii isaan baasaa turan akka hinmorminetti akka barbaadanitti labsaa, ittiinis mirga saboonni biroon qaban irraa mulqaa turuusaanii kan agarsiisuudha. Dabareen ammaa kunis, akkuma kanatti kan

jedhu, ogafaan kana hiikuun kan danda'amuudha.

Jalqaba mata-duree xiqqaa kana jalatti yaadrimeerratti ka'een, kan walfakkaatu sarara (155) irratti ilaalchi hawaasa kanaa ittiin ibsameera. Sabi Oromoo dachee bal'oofi uummata lakkoofsaan hedduu ta'e qabaachuun isaa kan beekamuudha. Akka dachee bal'oofi uummata hedduu qabu garuu, biyya kana keessatti carraa siyaasaan uummata hogganuu argatee hinbeeku. Kunis, aadaan dimokiraasii biyya kana keessatti waan hinjirreef, hacuuccaafi kolonii warra habashaa jalatti kufee tureera. Magaalaa Finfinnee keessattis haaluma walfakkaataan koloneeffatamuun afaan isaa achi keessaa baafamee kan tureedha.

Akka baay'inaatti osoo hintaane, akkuma aadaa siyaasaa biyya kana keessatti barameetti waallee olaantummaa qabna kan jedhuun, ammas nutu olaanaadha jechuun kan barame, isintu kan jedhutti geeddaruun kan isaaniif hintaanerraa ilaalcha madduudha. Nuti ittiin yeroo hojjennu saboonni biroon sodaa isaan qaban faay'idaan nuti argachaa turre hafee, itti miidhamna ta'a; isaan afaan isaaniin yoo barsiifatan magaalicha keessatti heddummatanii jiraatu kan jedhuudha. Heddummatanii yeroo taa'an immoo, miidhaan nuti irratti gochaa turre, nuuf dugda ba'u kan jedhu sodaatu. Akka saba mirga isaa uumaafi namummaan kenneef falmatu jedhanii eyentaan fudhachuurra dabaree yeroo isaaniiti; nus akkas gochaa turre; isaanis akkasitti nuu deebisuu ija shakkiin ilaalaa jiru.

Yeroo ammaa kana namoonni sirni barumsa AO magaalicha keessatti kennamuusaa qaamaan argan gammachuu guddaa akka irraa qabaniidha. Keessumaa barattoota achi keessatti barachaa jiraniifi quuqamtoota afaanichaa tokko tokko qorataan afgaaffii dhiyeessaa tureef duubdeebii isaan kennan gammachuu guddaa akka irraa qaban isaanirraa hubachuu danda'eera. Tooftaawwan hojimaanni ittiin gadi diriiree hojjetamaa jirus Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee kan galateeffachiisuudha. Ogeessi afgaaffiin kun dhiyaateef, miirasaa waalleewwan kanaan dura turan sanaan faallaa Itoophiyaa isaan jedhan sana osoo hintaane, Itoophiyaa sabaafi sablammoota ofkeessatti qabatte sana ibseera.

Yaadota olitti kaafaman gudunfuuf, seeneffama duraan tureen saboonni biyyicha keessa jiraatan afaan tokkoofi aadaa tokko jedhamu osoo hintaane, saboota hunda walqixxummaan beekamtii kennameefii afaan isaan dachee isaarratti ittiin barsiifachuu kan jalqabe saba Oromoon eenyummaasaatti akka boonu lafa kaa'ee jira. Kun sodaa ta'uun, seeneffamoota kana dura turan kan faallessu

waan ta'eefi. Sabichi akkasitti dammaqee afaan ofiisaatiin seenaa duraa yoo barate, duubdeebiin jiru nuuf gaarii miti kan jedhu sodaa akkasii qabaachuu malu ta'a. Waalleewwan kanaan dura turaniin ofbaruun sabichaa akka isaan sodaachisu hayyoota darban warreen akka Jeneraal Taaddasaa Birruufaatiin jechaa kan turan askeessatti ilaaluun nidanda'ama.

### 3.2. Mallattoolee Barumsa Afaan Oromoo Ibsan

Qorannoo kana keessatti waalleen itti fayyadama afaanii biiroo, waajjiraaleefi manneen barnootaa keessa jiran xiinxaluudha. Waalleen afaan keessaan kan ilaalamu ta'us, afaan keessaan qofa osoo hintaane, kanneen hiika kennuu danda'an: sohii qaamaa, mallattooleefi karaalee ittiin sochii taasifnu hunda kan of keessatti hammachuu danda'uudha (Vessey, 2013). Wantooti ijatti mul'atan immoo, biiroo, waajjiraaleefi manneen barnootaa keessatti barnoota cimsuuf kan oolan ta'uu malu. Wantooti ijatti mul'atan kunniin mallattoolee adda addaa kan dabalataniidha. Mallattooleen yeroo kaafaman ergaa isaan dhokataan qaban liixxaan kan ilaalamaniidha.

Yeroo itti barumsi AO imaammata barnootaa haaraa keessatti bocamee akka afaan barumsaafi barumsa afaaniitti kennamaa jirutti, waalleewwan mallattoonis jiran barumsa Afaan Oromoo irratti dhiibbaa isaan qaqqabsiisaniifi dhiibbaa uumees jiru kan ittiin agarsiifamaniidha. Afaan tokko qofaan yeroo kennamaa turetti, agarsiiftuwwan adda addaa afaanichuma ittiin deeggaruuf kan agarsiifamaa turaniidha. Waalleewwan mallattoo adda addaan agarsiifamanis aadaafi duudhaa sabni afaan sun kansaa ta'e kan calaqqisiisaniidha.

Mallattoowwan agarsiiftuu aadaafi duudhaa sabichaa calaqqisiisan keessaa alaabaan isa tokkoodha. Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti alaabaan federaalaafi kan Mootummaa naannoo Oromiyaa bara 2022 irraa kaasee fannifamuun faaruun alaabaa naannoos ittiin faarfatamaa tureera. Utuu hinturin mormiin alaabaan hindhaabbatuufi faaruun isaas hinfaarfatamu jedhu ka'ee, namoonni akkasumas qabeenyi baay'een itti miidhameera. Geggeessitoota olaanoo dabalatee, namoonni baay'een yaadasaanii kennaa turaniiru.

Haala kana kan fakkaatu, biyya Awustiraaliyaa manneen barnootaa lama 'Crimso High fi Strait Red High' keessatti muka alaabaan itti fannifamu irratti alaabaan tokko qofti olba'ee kan jiruufi kanneen lama ta'an immoo, osoo hinfannifamin qullaa yeroo dhaabbatan ni

argamu. Asirraa ka'uun namoonni qorannoo isaanii adeemsisan: Mills, Renshaw, Keddie, & Monk, (2017) mata duree 'The Polotics of Differentiation in Schools' jechuun ture. Garaagarummaan siyaasaa manneen barnootaa sana keessatti kan argamsiise alaabaan saba 'Aboriginal fi Torres Strait Islander' akka walfaana alaabaan sadanuu dhaabbatu taasise. Saboota lamaan gidduutti sababii koloniin duraan walqixa ilaalamaa hinturreef, siyaasi yeroo sanaa saba Aboriginal namoota naannoo kana jiraataa kan turan ta'anii, saba 'Torres Strait Islander' niin kan bakkeetti dhiibamaa turanirraa ka'uun ture. Sababiin kun ta'eef, saboota kanniin lamaan bakka bu'iinsa sirrii kennuufi haqa hawaasaa eegsisuuf kan godhameedha (Mills et al, 2017).

Biyya 'Australia' keessatti manneen barnootaa kanneenitti kan qorattoota kanaan irratti adeemsifame, sirna barnootaa haaraa bulchiinsi magaalaa Finfinnee manneen barnootaatti hojiirra oolchaa jirtuun kan walfakkaatuudha. Sabni Oromoo guddaan teessoo isaa kanarraa bifa hacuuccaan irra ga'een lafasaa kanarraa dhiibamee jaarraa tokkoofi walakkaa dura mirgi isaa irraa mulqamee, achumaan aadaafi afaan isaas duukaa dhabamsiifamee tureera.


Yeroo ammaa kanammoo, sabuma kanatu dacheemasaa duraan irraa dhiibametti daa'imasaa akka barsiifatu labsame. Kana yeroo ta'utti mirga afaan biroo wagga dhibbaafi shantamaa oliin magaalicha keessatti ittiin barsiifamaa ture utuu hintuqin akka walqixatti ittiin barsiifamu murtaa'e. Kanatu saba kanatti mormii kaase; alaabaan isaa akkasumas faaruun akka ittiin hinfaarfamne dhorkame.

Agarsiiftuu aadaafi duudhaa sabichaaf, bakka hawaasi kun jirutti ittiin ibsuuf alaabaan kan dhaabbatuuf yoo ta'u, Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti, alaabaan sirni afaanichaa hojjechaa jiraachuu agarsiisu bakka hojjettoonni sirna barumsa Afaan Oromoo jiranitti hinargamu. Waajjiraalee Barnootaa Kutaa Magaalotaa jiran keessatti bakka hojjettoonni Sirna Barumsa Afaan Oromoo jiranitti kutaa isaan keessa taa'an fuuldura isaaniitti darbee darbee fannifamee kan jiruudha.

Manneen barnootaa keessatti alaabaan sabicha ibsuufi afaanichi ittiin barsiifamaa jiraachuu agarsiisu yeroo jalqabaa fannifamuu jalqabuun mormii isarratti ka'een yeroo ammaa kana akka waliigalaatti fannifamaa kan hinjirreedha. Alaabaa mootummaa federaalaa qofatu manneen barnootaatti fannifamaa jira.



Suura alaabaa federaalaa mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Daagimaawwii Minilikii fudhatame.




Fakkiilee Kutaa Magaalaa Araadaafi Mana Barumsaa Falagee Yordaanos Sadarkaa Tokkoffaa keessaa fudhataman

Kutaawwan hojjettoota biiroo, waajjiraaleefi qindeessitoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessaa hojjetan durattis alaabaa mootummaa federaalaa qofatu fannifamee jira. Kutaa magaalaa Araadaa keessatti dura ta’aafi qindeessaa garee hojjettoota Sirna Barumsaa Afaan Oromoo irraa hojjetu duratti alaabaa naannoo Oromiyaafi kan federaalaatu argama. Kutaawwan magaalotaa biroo qorataan bira ga’ee daawwatetti kun hinmul’atu. Darbee darbee manneen barnootaa muraasa keessatti kutaa handhuura gabbisa barnootaatti alaabaan barumsichiifi hawaasichi achi keessatti sagantaan ba’ee barsiifachaa jiru agarsiisuufi alaabaan Mootummaa federaalaa walfaana bakka lamatti qorataan argeera.

Mallattooleen kan biroon fakkiilee bobboca adda addaa mooraa manneen barnootaa keessatti akka deeggarsa barumsaatti kaafamanii jiraniidha. Fakkiileen kaafaman kunniin dhaabbii manaa, sibiilota adda addaafi kanneen biroo irrattiidha. Kan bocaman callisanii osoo hintaane, ergaa isaan barattootaaf barnoota kutaa cinatti dabarsan giddu-galeeffatamee kan kaafamaniidha.

Haaluma kanaan manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaatti naannoo dareewwan oolmaa daa’immaniitti qorataan daawwannaa taasiseen fakkiileen kaafaman gara alaatti guutummaan guutuutti barumsa Afaan Amaaraa qofaa deeggaruun kan kaafamanii jiraniidha. Daree barnootaan alatti barumsa AO deeggaruuf akkasumas AO n kan kaafamanii irratti barreeffaman hin argaman. Inumaayyuu,

manneen barnootaa qorataan daawwate keessaa lakkoofsaan lama ta'an keessatti fakkiileen kaafamanii jiran aadaafi duudhaa saba Amaaraa kan leellisan kaafamanii jiru. Alaabaa durii, hooggantoota warra Habashaa uummata Oromoofi saba biroorraan hacuuccaa ga'aa turantu kaafamee jira.

Sirni barnootaa biyya Itoophiyaa imaammata afaanii dabalatee yeroo qophaa'u mala barachuu-barsiisuu akkasumas saay'insii afaanii giddu galeeffachuurra, siyaasa irratti hundaa'uun kan qophaa'uudha. Kanarratti, qorannoowwan adda addaa adeemsifaman argannoon isaanii kan agarsiisuudha. Namoonni kanneen akkasiin yaadasaanii yeroo ibsan:

> According to the findings from the fieldwork which overlap with the arguments of several articles on the Ethiopian language planning (among others Daniel & Abebayehu, 2006; Teshome, 1999), the main drive behind the language policy was not linguistic or pedagogical, but political. The implementation is a particularly visible example that the political will of implementing this policy is stronger than the practical possibilities or pedagogical needs. This tendency is also exactly what Cooper (1989) suggests when he asserts that language policy is very closely dependent on politics over linguistic or communicative aims.

Yaadi olitti namoota adda addaan ka'e akka agarsiisutti, biyya kana keessatti imaammanni afaanii yeroo qophaa'u siyaasaaf jecha dhimma barachuu-barsiisuu yookiin saay'insii afaaniif xiyyeeffannoo akka hinlaanne ifa godha. Hojiirra oolmaan isaas fedhii siyaasa sanaaf qofa malee, fedhii shaakala afaanii yookiin mala barachuu-barsiisuuf kan bakka kennu akka hintaaneedha. Yaada kanarratti namoonni adda addaa kan irratti waliigalaniidha.

Mormiin sirna barumsa Afaan Oromoorratti bulchiinsa magaalaa Finfinnee manneen barnootaa keessatti ka'aa tureefi illaanyi ammas calaqqisiifamaa jiru adeemsa biyya kana keessatti imaammata afaaniirratti calaqqisiifamaa jiru kana kan mirkaneessuudha. Imaammanni afaanii ture, fedhii siyaasaa mootummoota biyyicha bulchaa turanii eeguuf qofa kan qophaa'aa tureefi afdaneen akka hojiirra hin oolle kan dhorkuudha. Yaadamni yeroo ammaa jiruufi mirgi sabni afaan isaatti fayyadamuuf qabu yeroo sarbamu, fedhii siyaasa duraan ture qaamota adeemsisan waliin walitti bu'iinsi uumamaa tureera. Mootummaan biyya bulchus yaadama haaraafi mirga saba afaan isaa dhiibameef gaaffiin

deebisa yeroo jedhu illaanya wal rigutu dhalate jechuudha.

Ilaalchonni walfamiif banaa ta'an kunimmoo dhaqanii bakka itti sirni barnootaa hojiirra oolutti manneen barnootaatti calaqqisaa turaniiru. Manneen barnootaa immoo dhaabbata keessatti barumsi kennamu qofaa osoo hintaane, bakka itti tarsiimoon aangoo itti giddu galeeffatee walcaalmaa ture barachuu-barsiisuu waliin walitti dhufeenya qaban deebisuuf hirmaannaa guddaa qabaniidha. Manneen barnootaafi qaamni barate yoo walcaalmaa afaanii ture jijjiiruuf irratti hojjetan, hawaasi sun barnootaanis xiinsammuunis of cimsuu eegala.

### 3.3. Walitti Dhufeenya Dubbarruuwwaniifi Mallattooleen Barumsa Afaan Oromoo Ibsan Aangoofi Illaanya Waliin Qaban

Illaanyaafi aangoon karaa isaan ittiin calaqqisan itti fayyadama afaaniitiini. Dhalli namaa yaada keessoo isaatii afaaniin kan ibsatu yoo ta'u, afaanitti fayyadamee yaada inni dabarfatu waalleen qo'achuun kan adda ba'uudha. Afaaniifi aangoo waliin illaanya haalaan walitti hidhanii ilaaluun kan danda'amuudha. Garaagarummaa afaan dhaabbata tokko keessatti kennamuu afaanitti fayyadamuun waalleewwan itti dhimma ba'an (warra Afaan Oromoo, afaan laga hinceene, afaan al idilee jechuun itti fayyadamuu) kanniini. Illaanyi itti fayyadama afaanii biyyicha keessatti yeroo duriirraa kaasanii calaqqisaa turan magaalaa guddoo naannoo Oromiyaafi kan biyyichaa taate dabalatee caalmaan akka jiru kan agarsiisuudha. Sirna siyaasaa yeroo dhufaa darbaa ittiin geggeeffamaa turte keessattis garee illaanya kana deeggaru qofatu yeroo dheeraaf bulchaa ture.

Afaan Oromoon barachuu-barsiisuun warra Afaan biroon barsiisanii illaanya walfaallessanii yeroo dubbatan jira. Afaan Oromoo afaan gadaantummaa qabu, afaan biroo olaantummaan ilaaluutu jira. Illaanya isaan afaan kanaaf qaban, kanneen mata-dureewwan xixiqqaa adda addaa jalatti olitti ibsaman: Afaan Oromoo afaan al idilee, afaan laga nama hinceesifne, afaan yeroof qofa barsiifamu, afaan hojiin ittiin hin hojjetamneefi kan kana fakkaataniin ibsaa turaniiru. Waalleen akkasitti sabni garagaraa ittiin afaanicha ibsan kunniin immoo, aangoo waliin walitti hidhanii ilaaluun kan danda'amuudha. Itti fayyadamni afaanii afaan barumsaafi barumsa afaanii biyyicha keessatti jiran xiyyeeffannoon gama mootota biyya bulchaniin ifattis dhokataan calaqqisaa ture Afaan Amhaaraa qofaafiidha. Haga ammaatti illaanyi akkasii yaada saboota hedduu keessaa utuu hincabin har'allee hanga biiroo mootummaa federaala keessatti ittiin geggeeffamaa kan jiruudha.

Illaanya akkasiin afaanichaaf iddoo qaban agarsiisu. Ilaalcha akkasiitti fayyadamuun mormiiwwan yookiin diddaan namoota keessa akka bulu kan ittiin gochaa turan aangoon walqixxeen gareewwan afaanota kanniinitti fayyadaman waan hinjirreefi. Dalagaaleen ijatti mul'atan hundi, kana jechuun dalagaaleen hundi hiika mataasaanii qaban, aangoo keessatti hammachiifamuun ilaalamuu kan danda'aniidha. Wantootni ittiin bakka buufaman kun hiika isaan kennaniin dirreewwan walitti bu'iinsaa ta'aniiru (Jordon & Weedon, 1995, Adugna 2016 akka ibsetti). Mallattooleen bakka bu'anii jiran seenaan, aadaan akkasumas jijjiirama hawaasichaa ijaaruuf jedhamanii kan fudhatamaniidha.

Fakkiileen mooraa manneen barnootaa keessatti sirna barumsi afaanii lamaan kennamanitti dhaabbii manaarratti kaafamanii jiran barumsa afaan tokkoo qofaaf iddoo kennu. Halluuwwan ittiin dibaman kan aadaafi eenyummaa saba Oromoo kan agarsiisan miti. Barumsi Afaan Oromoo daree keessatti qofa kan barsiifamuudha. Illaanya duraan gadaantummaa Afaan Oromoo f kennaa ture, har'as sanuma agarsiisuuf afaan biroo waliin walcina itti fayyadamuurra, sanaan akka hinbarreeffamneyyuu meeshaalee deeggarsaa kan afaanichi ittiin barsiifamu kutanii dhoksuutu jira.

Itti fayyadama afaanii Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Waajjiraalee Barnootaa Kutaalee Magaalaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee akkasumas manneen barnootaa tokko tokko keessatti argaman yoo ilaalaman afaaniifi illaanyi akkasumas aangoon hariiroo isaan waliin qaban nijira. Barreeffamni barjaaleefi barruuwwan adda addaa mul'atan afaanota lamaaniin iddoo itti barreeffamanitti Afaan Amhaaraa irra keessatti akkasumas Afaan Oromoo immoo jalatti barreeffamanii argamu. Dura irratti afaan biroon Afaan Oromoos ta'e barreeffamee tasuma hin argamu; iddoo hundatti itti aanee kan dhufuudha. Illaanyi afaan duraanii caalchisanii ilaaluufi afaan biroon Afaan Oromoo dabalatee yoo jiraate booddeetti jedhu, sadarkaan waan ba'eef kan fakkaatuudha.

Manneen barnootaa keessatti wantooti agarsiifaman, illaanya duraan olaantummaa afaan tokkoof ture calaqqisiisu. Dalagaalee akkaataa dubbarruun itti argamu, itti darbuufi itti dhimma ba'an galmoowwan seenawaafi hawaasaa keessatti barreeffama jechaan qofaan osoo hintaane aartiwwan aadaa, wantoota ijatti mul'ataniin bakka buufamee jiru, ijaarsi adda addaa, uffatiifi kan kana fakkaatan kan agarsiisuuf fayyaduudha (Grant, et al., 2004, Perez 2021 akka ibsetti). Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa adda addaa keessatti

fakkiileen bobbocaman, halluuwwan ittiin dibaman, suurawwan adda addaa kaafaman mirga afaanota barumsi afaanii ittiin geggeeffamanii hin eegan.

Qorataan yaadota kanniin mirkanee mataasaa baafachuun daawwannaa iddoowwan kanneen deemuun kan argeedha. Illaanyi afaanii barsiifata duraan ture keessatti iddoo hundatti kan calaqqisiifamu afaan biyyattiin ittiin tokkummaashee gonfatteedha jedhamee aangoon kallattiin irratti dhiibbaa geessisaa tureefiidha. Kana jijjiiranii afaan biraa aadaa, seenaafi agarsiiftuu kalaqa aadaa saba Oromootiin walqixatti afaan duraa biratti kaa'uun illaanya olaantummaa afaan tokkoo cabsuun, adeemsaan ilaalcha walqixxummaa afaanii mirkaneessuu gaafata. Yoo gareen itti amanan mufatan hinbarbaachisu baay'inni waan jiruuf, jechuun aangoon walqabsiisuun hiika itti kennuun nidanda'ama.

Gochaaleen gama itti fayyadamtoota afaan lamaanii biraa raawwatan manneen barnootaatti, aangoo waliin walitti dhufanii xiinxalamuu danda'u. Namni Xiinxala waallee keessatti adda dureen ka'u (Fairclough, 2013) yeroo ibsu, "Waalleewwan ofiisaaniitii wantoota ofdanda'anii dhaabbatan miti; garuu, hiikaafi namootaan walitti hidhuun akka riqichaatti wantoota icciitawoofi wantoota addunyaa kana yaadrimeen, sona aadaafi illaanyaan wantoota, taateefi namootaanillee walitti fiduun ilaaluuf kan gargaaruudha," jechuun kaa'a.

Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti, waalleen wantoota yaada irratti hundaa'an, wantoota ijatti hinmul'anneefi mul'ataniin taatewwaniin walitti fiduun, gochoota namootaan raawwatan keessatti ilaaluuf akka fayyadu agarsiisa. Gochootas ta'e afaaniin taatewwan dhimma labsii barumsa AO Magaalaa Finfinnee keessatti darbee jiruun mormii kaasan waalleewwan walfaallessan ta'anii argamu. Kanaan dura ittiin magaalattiin beekamaa kan turteefi waggoota hedduuf irratti hojjetamaa kan turte aartiin, faaruun, agarsiisa adda addaan aadaafi eenyummaa sabootaan osoo hintaane, kan qeenxeen ibsamaa, namoonnis isumaan akka dhuunfaatti ittiin beekamtii argataa turan. Mootummaan biyya bulchus namoota akkasiif beekamtii kennaafii waan tureef kanneen biroon moggaatti dhiibamaa turan.

## 4. Cuunfaa, Argannoofi Yaboo Qorannichaa

### 4.1. Cuunfaa

Dubbarruuwwaniifi mallattooleen barumsa afaanii agarsiisuuf bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti sadarkaa biirootti, kutaa magaalotaafi manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti mirga afaanota barumsi ittiin kennamu walqixxeetti kan eege miti.

Mirga afaanota lamaan (Afaan Amhaaraafi Afaan Oromoo) ittiin akka barsiifamuuf labsame eeguurra, olaantummaa afaan tokkoo (Afaan Amhaaraa) kan keessatti calaqqisuudha. Kana kan agarsiisan mormiiwwan ka'aa turaniifi jiran jibbi Afaan Oromoo, jibba saba Oromoofi sodaa kanneen kaan sabicharraa qaban dubbarruuwwan jiran keessatti ibsamaniiru.

Danqaaleen kallattiin akkasumas alkallattiin jiran barattoota dabalatee hawaasni sirna barumsa Afaan Oromoo akka ittiin hojjetan Afaan Oromootti yeroo fayyadaman dhorkuun guutummaan guutuutti dadhabamus dura dhaabbachuun nimula'ata. Ragaaleen raghimtootarraa argaman yeroo manneen barnootaa keessatti sirna alaabaarratti ergaan Afaan Oromoon darbu, minimiidiyaadhaan Afaan Oromoon yeroo geggeessuuf yaalamutti akkasumas yeroo Afaan Oromoon hawaasi yeroo walitti dubbatu jibba qabaachuusaanii kan agarsiisu mallattoowwan adda addaa sabi biroon agarsiisan mul'ataa tureera. Agarsiiftuu aadaafi duudhaa sabichaaf, bakka hawaasi kun jirutti ittiin ibsuuf alaabaan kan dhaabbatuuf yoo ta'u, Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti, kutaawwan magaalotaatti akkasumas manneen barnootaatti alaabaan sirni afaanichaa hojjechaa jiraachuu agarsiisu bakka hojjettoonni sirna barumsa Afaan Oromoo jiranitti hinargamu. Fakkiileen mooraa manneen barnootaa keessatti sirna barumsi afaanii lamaan kennamanitti dhaabbii manaarratti kaafamanii jiran barumsa afaan tokkoo qofaaf iddoo kennu. Halluuwwan ittiin dibaman kan aadaafi eenyummaa saba Oromoo iddoo baay'eetti kan agarsiisan miti. Barumsi Afaan Oromoo daree keessatti qofa kan barsiifamuudha.

### 4.2. Argannoo

- Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti duraan waggoota dheeraaf afaan tokkittiin ittiin barachuu-barsiisuun adeemsifaa kan ture, yeroo ammaa yaadamni haaraan afheddee hojiirra oolchuuf ba'e danquuf mormiin karaa adda addaa calaqqisaa tureera.
- Yeroo ammaa kana sabni afaan isaa dubbattoota baay'ee qabu, ba'ee afaanota biroo waliin walqixa akka itti hinfayyadamne mormiiwwan jiran illaanya (ideology) walfaallessuun fudhatamee ibsamaa kan jiru ta'uusaa argannoo qorannoo kanaan agarsiifamuu danda'eera.
- Mirga seeraan kennameef hojiirra oolchuuf, kallattiifi alkallattiin mormiin afaanicharratti jiru raawwattoota sirna afaanichaaf danqaa ta'anii kan jiraniidha. Dhiibbaawwan afaanichi uume caalaa, gama dubbarruufi mallattooleen sirna barumsa Afaan Oromoorratti barnoota

kutaatti kennamuun alatti dhiibbaan irratti taasifamaa akka jiru kan agarsiisuudha.

- Barumsi Afaan Oromoo daree keessatti qofa kan barsiifamuudha. Illaanya duraan gadaantummaa Afaan Oromoof kennamaa ture, har'as sanuma agarsiisuuf afaan biroo waliin walcina itti fayyadamuurra, akka itti hinfayyadamneef waalleewwan afaanii duraan turan saboota biroorraa kan dubbii afaaniin darban nijru. Gochaaleen kallattiinis ta'ee, alkallattiin jiran barumsi afaanichaa akka lafa hinqabanneef kan raawwataman jiraachuu isaanii xiinxaluun danda'ameera.

### 4.3. Yaboo

Barumsi AO manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti akka kennamu yeroo murteen darberraa kaasee dalagaaleen adda addaa biiroo irraa kaasee hanga manneen barnootaatti raawwataman kan jiraniidha. Qooda fudhattootaafi raawwiin jiru, adeemsa barumsi afaanichaa keessa darbaa dhufaniifi itti fufiinsa isaa irratti qorataan qorannoosaa keessatti akka yabootti kanneen gaditti tarreesseedha.

- Illaanya (ideology) itti fayyadama afaaniirratti jiru guuutummaatti walitti fiduun yoo dadhabames dubbarruuwwan, mallattooleefi dalagaaleen raawwataman sagantaa barumsa afaanotaa lamaaniif murtoo adda addaa irratti dabarsuun irratti hojjechuu barbaachisa.
- Aadaa siyaasa biyyichaa keessatti waalleen itti fayyadama afaaniirratti turan amma dhiibbaa isaan qaqqabsiisaa jiran bulchiinsa magaalichaa keessattis itti dhiyeenyaan hordofuun kallattii agarsiisaa deemuun barbaachisummaa qaba.

Bifa walfakkaataa ta'een mirga sagantaa afaanota lamaan barumsi ittiin kennamaa jiru eegsisuu danda'uun sadarkaa biirootti, waajjiraalee barnootaa kutaa magaalotaattiifi manneen barnootaatti akka itti fayyadaman dirqamsiisuu gaafata.

### Wabiilee

Adugna Barkessa, (2016). The Discursive Construction and Representation of the Waata Identity: A Critical Discourse Analysis of Oral Texts. Addis Ababa University: Unpublished PhD Dissertation.

Dornyei, Z. (2007). Research methods in Applied Linguistics: Quantitative, qualitative and mixed methodologies. Oxford: Oxford University Press.

Dutcher, N. (2004). Expanding educational opportunity in linguistically diverse societies (2nd ed.). Washington, DC: Centre for Applied Linguistics.

Easaw, A. A. (2022). Ethiopia ' S Mother Tongue Instructional Language Policy: A Methodological Discourse. *International*

*Journal Of Research In Academic World*, *1*(8),

Fairclough, N. (2003). Analyzing Discourse: Textual Analysis for Social Research. London: Routledge.

Fairclough, N. (2013). Critical discourse analysis the critical study of language, second edition. In Critical Discourse Analysis the Critical Study of Language, Second Edition. https://doi.org/10.4324/9781315834368

Gee, J. P. (2005). An introduction to discourse analysis: Theory and method, 2nd (edt.), New York: Routledge.

Kamwangamalu N., (2004). The Language Planning Situation in South Africa. Language Planning and Policy in Africa. Great Britain: Cromwell Press Ltd.

Mesfin Derash, (2020). Exploring The Challenges of Mother-Tongue-Based Multilingual Education in Primary Schools in Selected Minority Language Areas in Southern Ethiopia. Unpublished dissertation. University of South Africa.

Milkessa Midega, (2014). Official Language Choice in Ethiopia: Means of Inclusion or Exclusion?http://creativecommons.org/licenses/by/4.0/. Dire Dawa University, Dire Dawa, Ethiopia.

Orman, J. (2008). Language Policy and Nation Building In Post-Apartheid South Africa. Vienna, Austria: Springer Science+Business Media B.V.

O'Neill, P., & Massini-Cagliari, G. (2019). Linguistic prejudice and discrimination in Brazilian Portuguese and Beyond: Suggestions and Recommendations. Language and Discrimination, 3(1), 32–62.

Taylor, S. & Coetzee, M. (2013). Estimating the impact of language of instruction in South African primary schools: A fixed effects approach. Working paper of the Department of Economics and the Bureau for Economic Research. University of Stellenbosch.

Regassa, Tsegaye. (2016). *Ethiopia: The Special Interest-The Affirmation of Denial*.http://allafrica.com/stories/201601260577.html (Accessed May 25, 2017).

UNESCO. (2006). Education for All: Literacy for Life: EFA Global Monitoring Report.

Van Dijk, T. A. (2006). Discourse and manipulation. In Book of Discourse and Society, 17, 359-383

Waldayohaannis W. fi Gammachuu M., (2009). Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse. Kan Uummanni Beekuu Qabu. Finfinnee, Itoophiyaa

Wodak, R. (2001). 'The discourse-historical approach,' in Wodak, R. and Meyer, M. (eds.), Methods of Critical Discourse Analysis, 63–95. London: Sage publication.